

Image provided by Access Health and Community.



Gargaarsa fayyaa si fi hawaasa keetiif barbaachisu beekuu barbaadna.

Keessattuu waa'ee tajaajila fayyaa ilaalchisee yaada kee baruuf fedhii qabna. Tajaajilli kun bartoota universitii, kanneen hogeessota dhimmi ilaaluun qajeelfaman, tajaajila fayyaa kan siif kennan fi Australian Catholic Univeristy waliin irratti hojjetu.

Australian Catholic University (ACU), Access Health fi Community, cohealth, fi North Richmond Community Health qorannaa kana waliin hojjetu.

ITTI DABALAMUU DANDEESSA YOO:

1. Waggaa 18 yokin sanaa ol taate
2. City of Yarra keessa jiraatta tahee kanneen gara gadii jiran keessaa kan si ilaalu yoo tahe
 - Manneen hawaasaa (community housing) keessa jiraatta yoo tahe
 - mana mootummaa (public housing) keessa jiraatta tahee (ijaarsa manaaf jecha dhihoo bakka yeroof qubattutti dabartee jirta yoo tahes)
 - Rakkoo man-dhabilee (homelessness) irra jirta yoo tahe yokin rakkoo manaa qabda yoo tahe, nama waliin hirmaattee

jiraatta yoo tahe yokin bakka yeroof keessa qubachuuf siif qopheessame keessa jirtas yoo tahe

- ala bulta yoo tahe yokin man-dhabilee (homelessness) taatee jirta yoo tahe
- bakka tajaajila jireenyaa gargaarsi kennamu (SRSs) jiraatta yoo tahe
- bakka yeroof si qubachiisan (refuge) jirta yoo tahe
- Hawaasota aadaa fi afaan isaanii gara garaa (CALD), jiraatota afaan Vietnamese, afaan Mandarin-dubbattan, afaan Oromo-dubbattan, afaan Hakka-dubbattan fi hawaasota aad-daneessa kan biroos
- dahatootaa (refugees) fi namoota kooluu gaafataa jiran
- namoota hiyyeessa rakkoo maallaqaa qaban yokin nyaata hin qabne
- hir'ina qaamaa kan qaban yokin kanneen deemuuf gargaarsa isaan barbaachisu
- rakkoo fayyaa sammuu kan qaban yokin gargaarsa of biraa hin qabne

MAALTU TAHA?

- gartuu nama muraasa of keessaa qabu waliin mariyatta
- mareen kun kan wal hubannaa fi kabajaatiin gaggeessama
- hamma barbaadde dheeressitee yokin gabaabsitee dubbachuu dandeessa

- Yeroo barbaaddetti of irraa dhiisuus dandeessa

Ganamaa yokin sa'aa booda shaayeen dhugamu ni jira. Hirmaannaa fi yeroo keetiif si galateeffachuuf kaardiin kennaa (gift voucher) siif kennamus jira.

YOOM FI EESSATTI?

- Guyyaa: Tuesday 20 October, 2026
- Sa'aa: 10:00am-1:00pm
- Bakka: North Richmond Community Hub

or:

- Guyyaa: Thursday 29 October, 2026
- Sa'aa: 10:30am-1:30pm
- Bakka: North Richmond Community Hub

AKKAMIIN YAAMICHA AKKA ARGATTU:

Yoo dhaamsa kana kara email argatte: odeeffannoo fi bakka hayyama kee si gaafatan dhaamsicha irra jiru dubbisi sutati ati tuqxu [\[information sheet and consent form\]](#) kunoo ti.

Yoo keessatti hirmaachuu barbaadde as irraan qunnamu: michelle.smith-tamaray@acu.edu.au qorannaan kun nageenya kan eeguu fi qajeelaa tahuun isaa ilaalamee jira.

Koree Naamusaa Qorannaa Namootaa ACU (ACU Human Research Ethics Committee) dhaan mirkaneessame.

Lakofsa hayyama naamusaa: 2026-4821H.

Yeroo keetiif galatoomi.

Nutti dabalamtee yaada kee nuuf qooduu dandeessa jedhnee abdanna.

Kabajaa waliin.

In partnership with

